

## Odeefannoo Vaayirasii Koroonaa (COVID-19)

### QAJEECHITUU WALIRRAA FAGEENYA HAWAASUMMAA

Vaayiraasii koroonaa(COVID- 19) ittisuuf jiraattotni Albeertaa qulqullina ofii eeguu aadaa godhachuu qabu.Yeroo hawaasatti manaa gadi bahanis,walirraa fageenyummaa hawaasummaa aadefachuu miidhaa tutuqaan hawaasaa irraa isaanitti dhufu hir'isuuf isaan gargaara.

#### Walirraa fageenya hawaasummaa jechuun maal jechuu dhaa?

- Walirraa fageenya hawaasummaan tarkaanfii lakkosa namoota walitti dhufan daangessuu fudhachuu ofi keessaa qaba.
- Kun hawaasummaa irraa ofi qoqqobuu wajjin walqixa jechuu miti.Mana gadi bahuu dhiisuuus nama barbaachisa jechuu miti.Garuu namoota waliin wal-tutuquun nu hin barbaachisu jechuu dha.
- Namoota biraatti osoo hin siqiin naannoo ollaa mana ofii yookiin bakka bashannanaa keessa socho'uun ni jajjabeeffama.
- Akka mana kuusa nyaataa,mana yaalaa fi bakka biroo barbaachisoo ta'an adeemuu.Garuu yoo xiqaate meetira 2 (faana 6) nama biroo irraa fagaachuu adeemuu .
- Miidhaa Vaayiraasii Koroonaan(COVID-19) qabamuu hir'isuuf, lakkofsa yeroo mana keenyaa alatti gadi baanu hir'isuu.

#### Sirna Itti fayyadama liiftii(Asaansarii)

- Walitti baay'achuu hanbisuu.kan miillaa fayyadamuu yookiin kan itti aanu eeguu.
- Yeroo qufaatu ofi haguugi
- Erga batanii(qulfii) liiftii tuqnee booda fuula ofii tuuu dhiisuu
- Lakkofsa Itti fayyadama liiftii(saansarii) namoota 2 -3tti daangessuu
- Erga liiftii(Asaansarii) keessaa baanee booda harka keenya saamunaan dhiqachuu yookiin saantisaayizariitti fayyadamuu

#### Daldaluu Man-Kuusaa Nyaataa

- Yoo danda'ame kallattiin bituu fi fudhachuu
- Yoo kun hin danda'amne,yeroo namootni bitatan lakkofsaan xiqaatan bituu yaaluu (jalqaba yeroo ganama obboroo yookiin barfata galgalaa)
- Yeroo man-kuusaa ol seennuu fi baanu harka keenya dhiqachuu yookiin saantisaayizariitti fayyadamuu, qabanna harkifamaa fi guuboo man-kuusaa nyaataa haxaawuuun itti fayyadamuu
- Yoo jiraate ofi meesha isa ofiin bitaniin fayyadamuu.

#### Geejiba Uummataa

- Yeroo qufaatu ofi haguugi
- Erga batanii (hiiktuu liiftii) tuqxanii booda fuula keessan tuquu dhiisuu .
- Hanga danda'ametti ofii fi namoota baatan jidduu fageenya barbaachisu eeguu
- Yeroo baanu harka keenya saantisaayizariin qulquelleessuu

#### Walitti qabamuu hawaasummaa xiqqa

- Family visits, house parties- postpone if possible or hold virtually.
- Yoo danda'ame akka maatii dubbisuu,afeerraa manaa dabarsuu yookiin gaggeessuu dhiisuu.
- Abbaan warraa yookiin maatiin gurguddoon dhibee cimaa keessa yoo jiraatan, isaan waliin qunnamuu dhaabuu.Yoo danda'ame immoo namoota jalatamoo miidhaa cimaa keessa jiran haalatti gargaaraman yaaduu fi mana turuu filachuu
- Ho'a yookiin qufaa yoo qabaatte,bakka namootni walitti qabaman adeemuu dhiisuu.Yoo dhuma mallattoon haganatti hin mul'anne illee yookiin qufaa hin mul'anne yoo fakkaate iyuu bakka namootni walga'an dhaquu dhiisuu.

#### Wal arguun barbaachisaa ta'ee yoo argame:-

- Keessumootni yeroo mana keessan dhufan saantisaayizarii akka fayyadaman taasisuu
- Walitti qabamuu duraa fi booda bakka tutuqaan taasifame battalumatti haxoofтуu dhukkuba ittisuun

haxaawuu(qabanna  
ibsa,boombaa dhiganna qaamaa kkf) balbalaa,dhaamsituu

- Saayinnaa fi meeshaalee yeroo tokko qofa tajaajilutti fayyadamuu

## **Reestooraantoota(kaaffee/ man-kuusaa buna/ mana nyaataa fi dhugaatii**

- Baay'inaan walitti dhufuu dhiisuu

**Walitti dhufuu yoo barbaachise:**

  - Ooltee,nyaataa fi dhugaatii duraa fi booda saanitaayizarii harkaatti fayyadamuu

- Meeshaaleetti fayyadamuu(nyaata ,saandiwiichii fi kkf harkaan nyaachuu dhiisuu)
  - Maamiltoota jidduu meetira 2 walirraa fageessuu
  - Mi'eessituuf kafana afuuffaatti fayyadamuu (timaatima daakame,soogidda,qaaraa kkf)
  - Saayinnaa banaa keessaa nyaachuu dhiisuu(fkf.akka ocholooni,karameellaa)
  - Nyaataa fi dhugaatii waliin qoeddachuu dhiisuu
  - Bakka nyaata itti fayyadamnu tilmaama keessa galchuu ,fudhatanii deemuu,kan bitame fudhani fayyadamuu.